Beeksisa

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

Kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa madaaluuf ulaagaa calallii barsiisotaaf bahe.

Calalliin barsiisota kitaaba madaalan kan irratti xiyyeeffatu mana barumsaa sirna barnootaa haaraa yaalii keessatti kennamaa jiraniif qofa yammuu ta'u. barsiisotni dorgomanis ulaagaa armaan gadii guutuu qabu.

1. Yeroo ammaa kallattiin kitaaba madaalamu kan barsiisaa jiran.
2. Gosa barnootaa madaalamanuun digirii jalqabaa fi isaa ol kan qaban.
3. Gosa barnoota barsiisaniin tajaajila waggaa 5 (shan) fi isaa ol kan qaban.
4. Qabxii madaallii raawwii hojii foyya'aa ta'e/cuunfaa seemisteera 3/ kan qaban.
5. Qabiyyee sirna barnoota haaraa sirnaan kan hubatan.
6. Tooftaa madaallii addaa sirnaan hubatanii hojiirra kan oolchan.
7. Haala qabatamaa magaalichaa sirriitti kan hubatan.
8. Mala baruuf barsiisuu sirnaan hubachuun kan hojiirra oolchan.
9. Amala gaarii barsiisummaa kan qaban fi fakkeenya kan ta'an.
10. Adeemsa baruu barsiisuu irratti qo'annoo fi qorannoo gochaa kan hojjetanii fi qabatamaan qoranicha dhiyeessuu kan danda'an
11. Kitaaba sirna barnoota haaraa kan madaalanii fi koree sirna barnootaan kan mirkanaa'eef

Hub:-

- Barsiisootni qophii kitaaba sirna barnoota haaraa irratti hirmaatan calallii madaallii kitaabaa kana irratti hirmaachuu hin danda'an.
- calalliin madaallii kun kan raawwatamu manneen barnootaa yaaliirra jiran qofa ta'a.